# Namni waan Rabbiin malee jiruun kakate dhugumatti kafare, yookaan Rabbitti waan biraa qindeesse''

Ibnu umar irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- dhugumaan inni namicha tokko kan akkas jedhu dhagahe: ka'abaadhaan kakadhe hin ta'u. ibnu Umaris ni jedhe: waan Rabbiin malee jiruun hin kakatamu, ani Rasuula Rabbiitii akkas jedhan dhagahe -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-: "Namni waan Rabbiin malee jiruun kakate dhugumatti kafare, yookaan Rabbitti waan biraa qindeesse''.
[sirrii] [abuu daawud tirmizii fiiahmad odeessan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Namni waan Rabbiin, maqoowwan isaatii fi sifoowwan isaatiin ala jiruun kakate dhugaadhaan akka Rabbitti kafare yookaan shaarraksiise himan; kakuun waan isaan kakatame guddisuutti geessa, guddinni daangaa hin qabne kan Rabbii tokkichaa qofaati. Rabbii fi maqoowwan isaatii fi sifoowwan isaatiin malee hin kakatamu -Inni qulqullaa'e-. Kakaan kun shirkii xiqqaa irraayi; garuu yoo namni kakatu waan ittiin kakatu akka Rabbii ol ta'ee guddisutti yookaan isaa olitti guddisa ta'e; yeroo sana shirkii guddoo irraa ta'a.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee